

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Hubanna Bu'uuraa Waa'ee Tukaanaa

- Tukaanni siree tukaana xixxiqqoo hanaga sanyii poonii kan geessu dha. Tukaanni siree ga'eessi battee, geengoo fi biffa dimaa maagala kan qabudha. Ilmooleen tukaanni baay'ee xiqqoo fi arguun kan nama rakkisu dha.
- Tukaanni dhiiga namaa kan xuxuu fi otuu homaa hin nyaatin waggaa tokkoo ol taa'uu kan danda'u dha.
- Tuukanni yoroo namani hirribaa ka'uu ni dhokatu halkaan namni yeroo hirribaaf dhufu dammaquun nyaataaf qophaa'u. Tukanni qaama namatirra hin jiraatan.
- Namoonni tokko tokko yeroo tukanni nyaatu beekuu dhiisuu danda'u.
- Tokaanonni baa'yeen siree keessa hanga faana 8 keessatti argamu, yeroo wal horan garuu siree hundarra tamsa'uu malu. Tukaana iddoowwan armaan gadii keessatti arguu ni dandeessu.:
 - Boraatii, firaashii, holqa siree, fi siree keessa,
 - Dhohaa fi holqaa barcumaa keessa
 - Waraqa dhaabaarraatti dhoobame manaa duuba
 - Duuba suuraa fi sa'aatii
 - Golgaa keessatti
 - Holqaa muka manaa
 - Afaa manaa jala
 - Duuba sookeettii elektirikaa

Odeeffannoo dabalataaf: sarara

odeeffannoo tukaana siree

qunnamaa: 612-624-2200,

1-855-644-2200

bedbugs@umn.edu, yookin laaluu

www.bedbugs.umn.edu

Tukaana Siree Mana Jireenyaa Keessatti Too'achuu

Yeroo itti tukaana siree mana keessatti too'achuuf yaallu:

- Qoricha farra ilbiisotaa qonnaa fi ooyiruu irratti **HIN** fayyadaminaa.
- Oomishoota “manatti tolfaman” yookin “oomisha heeyyama hin qabne” iddoo kan hin qabne **HIN** fayyadaminaa.

Malli milkaa'an ittiin tukaana siree too'atan ogeessa to'annaa ilbiisotaatiin qorichi keemikaalaa fi ho'aa bifa qindaa'aa ta'een yoo hojiira oole dha. Haala gaddisiisaa ta'een gatiin OTI mi'aa ta'uu isaati. Kanaafuu odeeffannoo waa'ee to'annaa tukaana siree irratti kennaman toora interneetii irraa ofumaa argachuun ni danda'ama.

Tukaana siree ofii keetiif to'achuun baay'ee ulfaataa fi kan yeroo fudhatudha. Teessoo, meeshaa manaa fi dhuunfaa iddoodhaa sochoosuu nama gaafata. Kutaa tokkoon tokkon isaa akkamitti akka sakataatu karoorsi. “Naannoo qulqulluu” uumuuf dhama'ai.

Tukaana harkaan ajjeessuun haraka 100% milkaa'aa miti, garuu hanaga tokko lakkofsa isaanii hir'isuuf ni gargaara. Qabdee ajjeessuu yookin meeshaa battee irratti guuruu ni dandeessa.

“Homaa utuu hin hambisiin” akkamittiin qulleessina?

- ✓ Qarqaraa fi dhohaa dhaaba manaa banuudhaan kosii achi keessa jiru pilaastikiidhaan haruu.
- ✓ Holqaa fi baqaqaa mana sakkatta'uu fi qulleessuu
- ✓ Huccuu bututaa fayyadamuun lafa keessa manaa qulleessu yookin immoo ujummoo banaatti gargaaramuun haxaa'uu
- ✓ Suurotaa fi rarraatoowwan dhaabaa manaa qulleessu hin dagatin
- ✓ Meeshaalee kanneen biraa sakkatta'uudhaan naannoo qulqulu olkaa'uu
- ✓ Huccuu qoodi, siree afi, huccuu miiccamuu qaban gara maashina huccuu miicutti geessi. Adeemsi kun naannoo tukaanan faalaman to'achuuf ni gargaara..
- ✓ Dabataan
<http://www.bedbugs.umn.edu/bed-bug-control-in-residences/controlling-bed-bugs-by-hand/> toora inteneetii armaan olii ilaaluun naannoo qulqulluu uumuun ni danda'ama.



Meeshaaleen tukaanota funaanuufi

balleessuuf fayyadan: Tiriika, kaardii moofaa, teeppii qulqulluu, boorsaa pilaastikii, huccuu fi bishaan ho'aa.

Sadarkaawwan: Tiriikaa fi kaardii moofaatti fayyadamuun tukaana siree horqa keessaa gara fuulduraatti baasi. Shibootti fayyadamuun tukaana siree harkisi. Bishaan daffaatti fayyadamuudhaan naannoo tukaana siree, hanqaaquu fi gogaa isaanii qulqulleessi.

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Iddoo duwwaan hatatamaan tukaana siree akka qabnuuf nu gargaara. Ujummoon iddoo duwwaa kun naannoo dhoohaa manaa, meeshaalee elektriikaa, hirkoo siree, akkasumas bakka tukaanni siree dhokachuu danda’an kanneen akka siree, boraatii, fi kkf tti hojii guddaa qaba. Gosa iddoo duwwaa kaanisteriitti fayyadamna yoo ta’e, qabiyyee sana hatattamaan gara boorsaa pilaastikiitti garagalchuun duwwaa gochuun cufuu qabda. Iddoo duwwaa sana qulqulleessi. Yoo iddoo duwwaa sana boorsaa wajjin fayyadamata taate, boorsaa sana fuudhii gara iddoo balfaan gatamuutti geessi. Iddoo duwwaa sana keessatti tukaanni siree maxxanee hafuun akka wal hin horre qulleessi.

Malli huccuu miicuu tooftaa huccuu maashina miicuu fi gogsuu keessa kaa’aminif fayyadu dha. Huccuu faalaman boorsaa pilaastikiitti naquudhaan hanaga miicamanitti ukkaamsuun caarraa tukaana siree akka hin babal’annee taasisu. Sadarkaa hoo’inaa isa ol’aanaa maashinni heeyyamuun miiccuun gogsuu. Yoo miiccamuudhaaf baate, hanaga daqiiqaa soddomaa maashina keessa tursiisuun akka tukaana siree fixu taasisa.



Hurki yoo seeraan itti gargaaramne baay’ee bu’a qabeessa. Hurkisiistuu koomershaalii tokkoof yoo xiqqaate bishaanii gaalonii 1 itti naqi. Hurki kun teessoo fi mana keessattif fayidaa guddaa qaba. Hurki kun haala bu’a qabeessa ta’een tukaana siree akka ajjeesuuf sadarkaan hoo’a 160-180°F ta’iitu irra jiraata. Safartuu hoo’a erga ilaaltee booda teermomeetiritti fayyadamuun too’achuu qabda. Hurki ibidda bobbeessuun balaa uumuu waan danda’uuf of eeggannaa guchuun barbaachisaa dha.

Qabbaneessuun mala salphaatti tukaana siree ajjeessuu danada’u dha. Wanti si barbaachisu meeshaa qabbaneessituu duwwaa dha. Qabbaneessituu kanaan tukaana siree fixuu yoo barbaadde meeshaa barbaaddu qabbaneesituu kana teepreecharii 0°F gaditti guyyaa afuriif tursiisuu qabda. Qabbaneessuunis balaa mataa isaa waan qabuuf maal akka qabbaneessituuf of eeggadhu.



Boraatii sukkuumuun tukaanni siree akka hin dhokkanne taasisa. Yoo boraatiin faalame, akka hanqaaquun sun wal hin horreef haguugi, sana booda du’uu jalqabu garuu yoo xiqqaateef ji’oota 18 tusiisi. Dabalataan, faalamni haaran yoo argame haguugdun boraatii sun salphaatti qullaa’uu danda’a. Haguugduu boraatii tukaana siree hir’isuuf gargaaran biti, kun immoo hanaga tokkoo ni dhoowwa garuu guutummaatti tukaana siree hin balleessu.

Gogaa hoo’isuun malli tukaana siree to’achuuf taasifamu milkaa’adha. Tooftaan kun kan inni hojiirra ooluu qabu tukaana siree mana keessatti akka hin hafneef ogeessa to’annaa ilbiisotaatiin ta’uu qaba. Mala gogaa hoo’isuu kana ofii keef itti hin fayyadamiin.

Qoricha farra ilbiisotaatti fayyadamuun tukaana siree hir’isuuf namoota heduu biratti akka tooftaa baramaatiin fudhatama. Yeroo qoricha farra ilbiisotaatti fayyadamanu garuu akkaata ajajja isaatti hojiirra oolchuu qabda. Qoricha kanatti fayyadamuun dura ogeessa to’annaa ilbiisotaa qacaruu akka nu gargaaru taasisuun filatamaa dha. Qoricha farra ilbiisotaa gosa kan biraatiif ajajame tukaana sireetiif yoo fayyadamte naannoon sun caalmatti tukaana sireetiin akka faalamu taasisuu waan danda’uuf of eeggannaa gudhachuun barbaachisaa dha.

Odeeffannoo dabalataatiif toora inteneetii kana daawwadhaa laaluu www.bedbugs.umn.edu



Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011
Kan gargaarsi godhameef duula “Tukaana yaa Balleessinu” jedhuuf yoo ta’u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egensii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir’uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbiltan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.
Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabbilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

Kan fooyya’e, Caamsaa 4, 2015

